

مؤسسة دار الفكر

Dar Al-Fiker Foudation

مفتوح - أثيوبيا



Public Policy
Beyond Traditional Jurisprudence
A Maqasid Approach

Basma I. Abdelgafar

**IMAAMMATA UMMATAA SIRNA SEERA
DURIITIIN ALATTI ADEEMSI
ERGAALEE SHARI'AA
MAAL FAKKAATA?**

Qopheessaan:

Basmaa abdulgaffaar

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2021

PUBLIC POLICY

*BEYOND TRADITIONAL
JURISPRUDENCE*

A Maqasid Approach

Basma I. Abdelgafar

Imaammata Ummataa

**Sirna Seera Duriitiin Alatti Adeemsi
Ergaalee Shari'aa Maal fakkaata?**

Qopheessaan:

Basmaa I. Abdulgaffaar

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al

Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2021 G. C

DF-E-TrBs-21/90

Kitaabota Gaggabaaboo Dhaabbata Xiinxala

Islaamaa Idil-Addunyaa

Kitaabonni Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa walitti fufiinsaa fi gabaabinaan dhihaatan kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtoota ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoo maxxanfaman irraa of eeggannoon kan gulaalamanii fi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Ammas qorannoo dabalataaf gara kitaaba jalqabaa dubbisutti akka nama kakaasu abdi qaba.

Ilaalchi bu'uura bulchiinsa sirna gaarii, bal'inaan hooggansa walqixaa bu'aa lammiiwwaniif oolchuu kan ta'e, imaammata ummataa fi sirna dimokraasii adeemsa murtee kennuu keessatti hujii irra oolchuu jechuudha. Kana keessatti gaheen ergaalee shari'aa maali? Mootummaan bifa kamuu kan hojjachuu danda'u bu'uura tilmaamota garagaraa irratti. Ergaaleen Shari'aa akka qajeelfamaa fi caasaa kan tilmaamoni, galmoonni fi gochaaleen ittiin ibsamuu keessatti gahee guddaa taphatuudha. Kuni hoj-maata mootummaa foyyessa, malaammaltummaa balleessa, tajaajila qixa sirrii irra gaarii lammiiwwaniif kenna. Ergaalee Shari'aa imaammata ummataatiin walsimachiisuun daangaalee sarara itti gaafatamummaa jajjabeessa, caalmaalee lafa kaaya, hunda caala kallattii guddaa akkaataa mootummaan imaammata itti baasu irratti haasawutti akeeka. Fakkeenyaaf Mariin qixa

kanaa tooftaa barbaachisaa ta'uun isaa fi hawaasa bal'aaf sagalee dimokraatawaa ta'uun, akka qulqullinni jireenya isaa murteewwan guyyaa guyyaa kan isaan sagalee itti hin qabne keessatti qooda qabaatu godha.

Boqonnaawwan kitaaba kana keessaa qo'annooleen ergaalee shari'aa Islaamummaa keessatti hammam gumaachan waan jedhu gamaaggaman. Tokkoon tokkoon boqonnaa mata-duree addaa naanawuma kana keessatti akka seensaatti qo'ata. Yaadonni dhihaatan kunniin akka qorannoo dabalataa barbaadan shakkiin hin jiru. Imaammataa fi bulchiinsi dhimmoota baay'ee walxaxoo dha. Sirni barnootaa ykn qajeelfamni tokko kan dhalatuu danda'u, qorattoonni hedduun qorannoo gahaa taassisani walgahii uumanii bu'uura wahii yoo kaayan qofa. Qorattoonni addunyaa keessa socho'aa turan ergaaleen shari'aa imaammata kana tumsuuf akka fedhii cimaa fi guddaa qabu yaada amansiisaa dhiheessanii jiran.

Maxxansa baruulee Basmaa I. Abdalgaffaar irraa gabaabbatee dhihaate

Imaammata Ummataa, Sirna Seera Duriitiin Alatti

Adeemsa Ergaalee Shari'aa,

ISBN hbk: 978-1-56564-376-5

ISBN pbk: 978-1-56564-375-8

2018

SEENSA

Kitaabni kun boqonnaalee torba ergaaleen shari'aa mata-dureelee murteessoo imaammata ummata Islaamaatiif gumaachan xiinxalan irraa walitti qabame. Barruun kun akka karoorra hojii anga'oota bulchiinsa ummataatiin hojiirra oolee rakkoo ykn miidhaa ummataa furutti ykn akka carraa ta'e tokko fayyadamuutti kan ilaallamu yoo ta'u, (1) sirnaa fi sona Qur'aanaatiin akka qaama sodaa Rabbiitii fi towhiidaatti carraa fudhatamuu, (2) akka kaayyoowwan ol'aanoo ergaalee shari'aatti raggaassifamuu, (3) adeemsa murtee waloo ykn Shuuraatiin qajeelfamuu, fi (4) haaromsaa fi fooyya'iinsa ykn *toliinsa* fiduutti kan geessuudha. Akka hiikkaa duriitiin, ergaaleen shari'aa ykn kaayyoowwan seera ol'aanaa akki itti yaadaman akka caasaa amala gaarii kan amantaa, jireenya, lubbuu (sammuu), sanyii, qabeenyaa fi eenyummaa of keessatti qabataniittidha. Hoj-maatni sun ergaaleen shari'aa yaad-diddaa fi qabatama imaammanni ummata Islaamaa keessatti qaban ifa baasuu irratti xiyyeeffatanii, hayyootaa fi aktiivistoonni ragaalee bu'uuraa Islaamummaa, keessattuu Qur'aanaa fi Sunnaa irratti qorannoo adeemsisan imaammataa fi siyaasa akka adda baasan yaadachiisuufi. Barruun kun ammas ragaalee bu'uuraa keessaa adeemsa bulchiinsaatiif waan kanarra qabiyyee fi hojiirra oolmaa bal'aa qabutti akeeka.

Haaluma walfakkaatuun muummee barnoota imaammata ummataa qo'achuu fi hojiirra oolchuuf, imaammanni ummataa Islaamummaa keessaa aartii qulqulluu miti, ykn saayinsii

qulqulluu miti, garuu lamaan irraa walitti qabama. Aartii ta'uun isaa dandeettii carraalee adda baafachuu, uumuuu fi dhiheessuun qooda fudhattoota amansiisuun akka tarkaanfii addaa fudhatan ykn adeemsa addaa filatan gochuu qabaachuudhaani. Saayinsii ta'uun isaa karaa inni tooftaa addaa kan ragaaleen bu'uuraa ittiin xiinxalamanii haala kalaqaa addaa dabalateen rakkoolee fi qormaattonni ammayyaa ittiin furaman irratti hundaayuu isaatiini. Akka aartii fi saayinsiitti, imammanni ummataa Islaamummaa keessatti falaasama caasaa ergaalee shari'aa faana gadi fageeffatanii, haala qindaa'aa ta'ee fi akeeka qabuun barruulee buufamanii fi hin buufamanis akka dubbisanii hubatuun, hiikuunnii fi beekumsa hayyotaa fi qorattoota armaan duraatiin argame hojiirra oolchan gochuudha. Carraan barnootaa ykn barnoonni dhimma ergaalee shari'aatiin walqabatu kaayyoo kanaaf gumaacha hin haalamneedha. Barnoonni waa'ee ergaalee shari'aa tooftaalee Islaamaa, keessattuu sirna seera durii, irraa adda uf baasuun, kaayyo-qabeessummaa, gati-qabeessummaa fi kaayyoowwan dursi kennamuuf, akkasumas sirna barnootaa fi tooftaalee danuu ta'aniif gahaa ta'uu irratti xiyyeeffata. Tooftaan kuni hayyoota ammayyaa hedduun kan mormamu ta'us, yaaliiwwan dachaa jaha, 1) shari'aa qajeelfama handhuuraa isaa kan akka mararfannaa, haqaa, walqixxummaa fi misooma hawaasaa irraanfachuu irraa fageessuu, 2) tooftaa ammayyaa fi amantiin alaa kan akka waan Islaamummaan haq-maleessaa fi sirna amantaa shororkeessaa ta'eetti Muslimoota amansiisuu yaalu dura dhaabachuu, 3) sababa lafarratti dhimmoota hawaasa Muslimaa irrattti kabajni

namoomaa hojiirra hin oolleef ibsa itti barbaaduu, 4) murteelee seeraa dhiphoo kan barruulee duriitiin guutaman, akka addunyaa Muslimaa fi waliigalaattis Islaamummaa jiraachiisuuf filannoo namaa ta'an dhiheessuu, 5) hayyoota muummee biraatiin baratan qo'annoolee Islaamaa hojiiwwan isaanii keessa galchan dhiheessuu, 6) mala hawaasa Muslima ammayyaa qaroominaa fi aad-daneessa ta'e kana ittiin tokkoomsan barbaaduun akkasumas namoota biroo wajjiin walhubannaa uumuu fa'a fide.

Boqonnaaleen kitaaba kana keessa jiran dhimmoota xixiqqoo caala gurguddooratti xiyyeeffatan. Hojirra oolmaan tooftaa ergaalee shari'aa imaammata ummataa fi bulchiinsa keessatti akkam akka jiru yaadota walitti hidhata qaban ibsuun, imaammata ummataa addeessuu ykn mormuu qofa osoo hin taane, daran kan barbaachisu eeruu namoota biroos gamaaggamuu akka dandeenyu nu taasisa. Addunyaa imaammata ummataa fi hojirra oolmaa isaatiif, Islaamummaa keessatti, karoorri rakkoolee ummataa furuuf godhamu ni jiraata. Kunis dhugummaadha; dhugummaan waadaa Muslimaa kan akka madaalaatti Qur'aana keessatti ibsame waan ta'eefi.

Boqonnaa Tokko

Imaammata Ummataa Islaamummaa keessatti: Tooftaa Ergaalee Shari'aa

Boqonnaan seensaa kuni oduu waa'ee hanqina tooftaa seera amantii kan qo'annoolee sirna bulchiinsa Islaamaa keessa guutanii; karaalee hanqinoonni sunniin ittiin hubataman, akkaataa qo'annooleen ergaalee shari'aa rakkoolee fi dhiibbaalee fuuldura mudachuu malaniif uf qopheessan nutti hima. Odeessaaleen dhihoo hedduun dhugaa ta'uu malanis, muuxxannoolee Muslimoonni addunyaa qabatamaan keessa jiraachaa jiran bakka hin bu'an; sababa tooftaa sirna seeraa kanaan miidhaalee isaan irra gahaa jiraniinis komii dhugummaan isaa adda hin baafamin kan warra as duraa irratti fe'ames hin oolchan. Adeemsa sirna seeraa amantii maloota bal'ina qabaniin, kaayyo-qabeeyyii, jijjiiramoo fi walxaxoo ta'aniin tumsuun rakkoolee ammayyaa gamaagamuun deebii gahaa ta'an lafa kaa'uun rakkoolee ammayyaa kanneen sirna bulchiinsaa fi imaammata ummataa irratti Islaama mudataa jiraniif tarkaanfii murteessaadha.

Hanqinoota sirna bulchiinsaa fi imaammata ummataa irratti Islaama mudataa jiran keessaa kan ifatti mul'atu, barbaachisumaan marii (Shura) irraanfatamuu ykn ibsa bareedaan tuffatamuu isaati. Shuuraan ajaja Rabbirraa dhufe kan marii fi gorsaa kan durirraa hooggantootaan hojiirra oolaa tureedha. Hiikni shuuraa inni kallattii damma hundee isaa irraa baasuu jechuu yoo ta'u, ergaan isaas adeemsa murtee kennuu

kamuu keessatti gorsii fi yaadni sirrii bu'a-qabeessaa fi gara fooyyeetti (islah) geessa kan jedhuudha. Hayyoonni seeraa muraasni uf qabanis, maariin dirqama Qur'aana keessatti (42:38) dubbatamee ajaja Rabbii fudhachuunii fi salaattatti aanee kaayameedha.

Yaadni marii wanti nu barsiisu akkaataa jechi buufamee fi hin buufamin walwajjiin itti dubbifamuudha. Inumaayyuu, tokko isa kaaniin ala dubbisuun beekkumsa adda ciccitee fi gahaa hin ta'in horachuudha. Addunyaa kinniisa dammaatiin waan walfakkeeffameef jecha, yaadni marii akka yaada wabiitti (reference) ilaallama. Qur'aana, jecha buufame, keessatti suuraaleen lama barbaachisummaa wabeeffannaa kanaa kan addeessan yoo ta'u, sunis al-Nahlii fi al-Shuuraadha. Kan duraa keessatti barbaachisummaa tokkumaa kalaqaa kan nu yaadachiisuudha; ilaalchi dhala namaa adda addummaatti kan akeeku ta'us ni yaadachiisa. Isa lammataa keessatti, sababa adda addummaa kanaatiinis garaagarummaan yaadaa namoota jiddutti kan hin hafne yoo ta'u, garuu kuni murtee milkaa'aa fi waloo kennuudhaaf gumaacha barbaachisaa ta'uu isaati.

Barruuleen hayyoota ammayyaa, kanneen jecha hin buufamin qo'atan ykn argatan, murtee waloo tuuta kanniisaa irraa barachuun akka barbaachisu addeessan. Inumaayyuu, dachee irratti murtee walootiin hundarra kan beekkamuu tuuta kanniisa dammaati. Fakkeenya kanarraa barachuun, mariin sirna murtee waloo kennuu irra mijataa kan gaggeessitoota ummataatiin hojiirra ooluun hariiroo walitti fufiinsa qabu kan ummanni dhimma itti bahu keessatti tumsa imaammataa akka ta'uuf

ilaallamaa jira. Kanaafuu adeemsi kun dhimmoota hawaasaa hoogganuun kan walqabatuu fi sirna gorsa ogeessaa jedhuun bifa akka gaggeessummaa, ogummaa cimsuu, hirmaannaa hawaasaa cimsuu, ulaagaalee murtee kennuu, ragaalee sassaabuu, waa amansiisuu, qorachuu, sagalee kennuu/filannoo, sagalee ta'uu/ waliigaltee fa'aan ta'uu danda'a. Sirna kana keessatti gaggeessummaan barbaachisaadha, garuu ufitti gahaa miti. Gaggeessumman dursa hojmaata ariifachiisuuf kan itti oolu yoo ta'u, 1) maalummaa rakkoo beekuu irratti gorsa kennuu, 2) bu'aa milkaa'aa ta'e argachuuf 3) deebiiwwan ta'uu malan tilmaamuuf, 4) karoora bareeda ta'uu hawaasa amansiisuu, fi 5) murtii hunda caala gaarii fi waloo ta'e kennuu fa'aadha.

Adeemsi shuuraa ykn marii wanti addeessu barbaachisummaa imaammanni ummataa Islaamummaa keessatti qabuu yoo ta'u, kun dandeettii Islaamummaan yaaduu irratti qabu irratti gadi jabeessa. Qur'aanni caljedheetuma ajaja qofa hin dabarsu, kana daran tooftaalee hedduu dubbatanii amansiisuu, jajjabeessuu fi dhiibbaa godhuuf yaaduu fayyadamuutti kakaasa. Tooftaan kun warra amanan biratti barbaachisummaa imaammatoota ummataa dhimmi ilaallatu kallattii adda addaatiin hojiirra oolchuu mul'isa. Barruuleen Qur'aanaa hedduun maloota ragaan amansiisuu adda addaa kan Ergamaan Rabbii yeroo nagayaa fi haqa dhugoomsuuf tattaafatan qabatamaan hojiirra oolchan uf keessatti qabatu. Gaggeessummaa Nabi Muhaammad (SAW) caala karoora jireenyaa ykn hojii tokko keessatti namoota amansiisuu irratti ragaan qabatamaa inuma hin jiraanne. Nabi Muhaammad (SAW) Ergaa Islaamaa

bal'inaan kennaa uumamaa ol'aanaa fayyadamee haala adda ta'een dabarsuudhaan yaaliiwwan ergamtoota biroos tumsaa ture. Ragaadhaan amansiisuurratti xiyyeeffachuun kijiba, raagaa fi dirqiin amansiisuun walfaalleessa.

Ummata dhimmoota bu'aa fidanii fi miidhaa irraa dhoorguun walqabatan irratti qajeelchuuf, ergaalee shari'aa hubachuun waan hin hafne. Murteewwan kennaman akkamitti raggaassifna? Imaammatoonni ummataa galma maalii qabu? Nageenyummaan ummataa maal fa'a uf keessatti qabata? Ergaalee shari'aa sirritti hubachuun gadaa Islaamummaa jalqabaarraa eegalee ragaa cimaa ture. Ifaan bifa idileetiin mul'atuun isaa garuu naannoo jaarrraa 10^{ffaa}tti yeroo gareen hayyoota Muslimaa filaman muuxannoolee ammayyaa fayyadamuun akeekaawwan seera uumamaa, seera tumuu fi hiikuu keessatti itti dhimma bahaniidha.

Bifa isaa kan duriitiin, tooftaan ergaalee shari'aa bu'uuraalee jahan: amantaa, sammuu, sanyii, qabeenyaa fi kabaja dhala namaa kunuunsuurratti xiyyeeffata. Hayyoonni ganamaa akka jedhanitti seerri uumamaa bu'aawwan kanniin dhugoomsuun ala akeeka biraa hin qabu. Bifa daran bal'aan yoo ilaalle ammoo, ergaaleen shari'aa adeemsa waliigalaa guddaa kan namoota dhuunfaa fi gareelee amantaa adda addaa simataniidha jechuudha. Ammas imaammataa fi sirni bulchiinsaa muummeelee biroo daran bakka qabatamaa fi yaad-diddaa bal'aa qaban, keessattuu yeroo gara yerootti babal'ataa dhufuuni.

Ergaaleen shari'aa yeroo Islaamummaa imaammataa fi bulchiinsaatiif jecha qo'annu barbaachisummaa amala gaarii fi amanti adda baasuu sirritti addeessu. Amalli gaariin Qur'aana keessa jiru osoo barumsa itti hin qabaatin akka qaama amantiitti hin ilaallamu. Akka Sheek Muhaammad Abdallaah Diraaq gabaabinaan ibsetti, Qur'aanni caasaa jireenyaa hunda uf keessatti qabata, qaamni amanti garuu, gochaawwan amanti (gabbartii) namootaa qofaa fi murtaa'aa hammata. Lammaffaa, amallan gaggaariin namaan tolfaman jireenyuma kana keessatti hubannama namaa, aangoo seeraa fi tilmaama namni hunduu waan gaarii ni fedha, hamaa ammoo irraa waldhoowwa jedhuun raggaassifaman. Sadaffaa, Qur'aanni ifaan ifatti sodaa fi abdi irratti hin irkatu, kanarra xiyyeeffannaa, hubannaa fi sadarkaan yaaduu ilma namaa akka dagaagu barbaada. Amalli gaarii fi amantiin walhin hiikan. Yaaduun ykn xiinxalluun seera amanti gaarii ykn fudhatama qabu dursee dhufe. Seera uumamaa fi amantiis isa duraarratti ykn ganamaatti bocnee tolchinee fudhanna. Dhugaan jiru, seerri amanti bu'uura qajeelfamni qabatamaa irraa qabsiifamee eegasii hubannaa gaarii irraa argachuun hojiitti jijjiiramuudha. Qixa ibsa kanaatiin, yemmuu itti yaadanii waa hojjachuu ilaallu amantiin qaamuma muraasa ta'a. imaammataa fi bulchiinsa keessatti, kana jechuun, piropozaalonni hundeewwan Islaamaa irraa hojjataman dhiibbaa gabaa yaadotaa irraa dhufu fudhachuu qabu. Kana jechuun raggaassifamuu ykn ammoo fudhatama dhabuu danda'u jechuudha. Asirratti yaadonni nama dhunfaa gahee homaatu hin qabaatan.

Adeemsi ergaaalee shari'aa bulchiinsa irratti caaseffama ifa jiruun kan tumsame yoo ta'u, sonaawwan hunda dura wanti osoo hin nuffin irratti gadi jabeessu mararfanna hamilee cimsuudha. Amaloota Rabbii hunda caala mararfannaa (rahmata)tti xiyyeeffannaa hunda caalutu kenname. Bu'uura Islaamummaatiin bulchiinsi akka tokkoffaa fi dursaatti nageenyummaa dhala namaa waliigalaa mararfannaa qaamaatii fi hariiroo hamileeti. Inumaayyuu, mararfannaan mallattoo eenyummaa bulchiinsa ergaaalee shari'aa irratti hundaa'eeti. Kanaafuu, warroonni muummee kana qo'achuuf fedhii qaban kanaaf beekamtii kennuu qofa osoo hin taane, hiika isaa hojii qabatamaa fi yaad-didda keessas galchuuf onnatuu fi dandeettii qabaatutu irra jiraata. Seenaa keessatti gaggeessitoonni akkasumas ummattoonni hunda caala dinqisiifamanii fi gatii qaban warroota gara-laafinnaa fi mararfannaa qaban ta'uun waan nama dinqisiisuu miti.

Hojiirra oolmaan tooftaa ergaaalee shari'aa akka haalli mijatu ykn gumaacha guddaa waan godheef, fedhiwwan imaammata ummataa dagaagina sanduuqa tooftaalee adda addaatiif dirqama karaa banu. Jalqabarratti, himannaa shari'aan amala caaseffama biyya takkaa fi bu'uura ishiirratti homaa gumaacha hin qabaatu jedhu kijibsiisuun barbaachisaadha. Kunis seera qabiyyee fi adeemsa imaammataa keessatti jechuudha. Shari'aan beekumsa siyaasaa fi imaammataatiin dureessa, hayyoota leenji'an qaba; warroota barruulee buufamanii fi hin buufaminis tolchanii hubatan, isaannan qabatama jiru irratti ragaa bahuu danda'an jechuudha. Kanaafuu Islaamummaa keessatti imaammanni ummataa daangeffama raagaa hayyoota

seeraa duriitiin shari'atti dabalaman hin fudhatu, qajeelfamoota hin qindaa'in kan fedhiwwan hin daangeffaminii kanniin seera fakkeeffamanii akka seera Islaamaatti kaayaman, kanneen garuu ifaan ifatti barruulee keessatti hin tuqaminiittis hin fudhatu. Qur'aannuu tooftaalee adda addaa qaba: ibsa, marii, fakkeenya, odeeffannoo, gorsa, xiinxala, wabeeffannaa, walbira qabiinsa, irra deebii, seerotaa fi raggaasisa fa'adha. Kunniin hunduu dhimmoota ummataa ilaalchisee argannoowwan haarawaa fi faayda-qabeeyyiitti nu qajeelchu.

Boqonnaan kun imaammata ummataa Islaamummaa keessaarratti qabiyyeewwan murteessoo ta'an irra-keessa baha. Mariin murtii kennuu keessatti akka adeemsa barbaachisaa fi walitti hidhaatti dhihaata. Dubbatanii amansiisuun ammoo muummee kana keessatti akka mala hunda duraatti kaayama. Ergaaleen shari'aa akka qajeelfamoota waliigalaatti, araarsuun (islah) akka bu'aa eeggamuutti, mararfannaan akka sona gatii ol'aanaa qabuutti, amalli gaariin akka utubaa hin diigamneetti ilaallamu. Qo'annoo Imaammata ummataa Islaamummaa keessatti jedhu qo'achuuf adeemsa ergaalee shari'aa kana fudhachuun guddina barbaachisaa fi qorannoo murteessoo fi shaampiyoonii waaltawaadha.

Boqonnaa Lama

Muslimootaa fi falmiiwwan Bulchiinsaan walqabatan

Boqonnaa kana keessatti mormii Muslimoonni abbootii irree sadi'iin bulu jedhutu jira. Isaan kunniin mootummaa, sirna bulchiinsaa kamuu ta'u, abbootii amantii caaseffama durii (hayyootaa fi imaamota) fi hubannaa loogiin guutame kan qabiyyeen amantaa isaa sirii ta'uu nama amansiisuu hin dandeenyeeni. Bakka buutonni sadan kunniin karaa isaan hidhata uumaniin dabalatee, Muslimoonni yoo dhugaan tooftaa imaammataa fi bulchiinsaa ergaalee shari'aatiin kaayaman sanniin guutuu barbaadan qormaatilee injifachuu qaban bakka bu'an.

Xinnoo seenaa durii keessa bahuun keenya wanti itti yaadame hariiroo gidduu bulchitootaa, hayyootaa fi ummataa irra bahuu fi qormaatilee yeroo har'aa irratti hammam akka dhiibbaa qaban mul'isuufi. Hayyoonni yaad-didda gadaa qaalii bulchiinsa Islaamaa kan shari'aan bulamu san tilmaaman rakkoolee ammaa kanniin sirritti hin ibsan. Kuni hariiroo hawaasaa keessatti jibbaa fi sodaa shari'arraa qaban mul'isa. Muuxannoolee Muslimootaa kan sirna bulchiinsa abbaa irreetiin walqabatanii jiran sirritti hubachuun, seenaa fakkeessaa kan gaggeessa diinagdee, bulchiinsaa, saayinsii fi aadaa ummata Muslimaa maqaa dhahatu osoo hin taane, bulchiinsa gaarii hojiirra oolchuu keessatti murteessaadha.

Mootummaa ummataa ammayyaa dura, Muslimoonni mootata hidda dhaloota gosootaa qabuun bulaa turan, kanaafuu hirmaannaa hawaasa bal'aa hin simatan turan. Kana jechuun

amalli adda addummaa ummataa sadarkaa bulchiinsaa fi gaggeessaatti hin mul'atu ture. Caasaan bulchiinsaa warra bulchamuu fi bulchu giddutti waldhabdee fida. Amalli hariiroowwan gidduu ummataa fi bulchitootaa kan mootota garagaraa jiruu caaseffama amantii giddu-galeessaa kan bal'inaan qajeelfama seera Islaamaati jedhamee hubatamee daangeffama siyaasaa fi loogummaa nama dhuunfaatiin fudhatame. Hooggantoonni amaloota shari'aa bulchiinsaan walqabatan ifa godhuurratti hanqina qaban; kanaafi kan hawaasni bal'aan beekkumsarraa fagaatanii, tooftaalee aangoo qabachuuf barbaachisan, mirga ufii gaafachuu fi yoo barbaachise gaggeessaa jijjiiruu irraayis fagaatan.

Daangeffamni siyaasaan utubame kan mootonni qomoo durii hooggantoota, seera murtootaa fi ummata irratti fe'an sun bilchina siyaasa ummata Muslimaa irratti dhiibbaa guddaa qaba ture. Yoo sonaan qabame, naannoon hayyoonni amantii bal'inaan sochiiwwan guyyaa guyyaa warroota amananii fi warroota barnooticha hojiitti hiikanii irraa adda uf baasanii, sirna seera tumuu fi muruun ifatti walitti hidhata hin qabu. Barnoonni amantii suuta suuta hubannaa beekkumsaa kana ifa godha, Kunis warroota amantii akka boqonnaatti ilaalaniif ajaja mijataa ta'e kennuudhaani. Dabalataan, Muslimoonni lafichoo bakka qajeelchi amantii barbaachisaa ta'ee mul'atetti dhimmoota hundaafuu namoota dhuunfaa sanniin irratti hundaa'uuf dirqaman. Gadaa san keessatti amalii shari'aa kan waliigalaa yeroo muraasa mul'atee gadi kufe.

Hunda caala dagaagina seenaa kanaaf wantootota gumaachan keessaa tokko yaadota murtaa'oo abbaa irrummaan walqabataniin ala dhimmoota bulchiinsaa irratti 'callisuu' shari'aati. yaadota ykn ilaalchota sanneen keessaa tokko asoosama 'Kabajni Waaqaa' dhimmoota addunyaarratti labsuudha. Uumamta hoogganuu fi bulchuu keessatti Kabajni Rabbii kan hin haalamne ta'us, kun jireenya guyyaa guyyaa keenya keessatti gadi fageenyaan hin ibsamne, bakka nuti filannoo keenyaan hojjannutti. Kanaafuu, Rabbiin qofaatti Abbaa Seeraati jedhee amantaanii fi yaamichi godhamu dogongora qofa osoo hin taane hamaadhas. Dandeettii fi kalaqa fayyadamuun, ilmi namaas bu'uura hamilee fi akeeka hoj-maata sanaatiin, barruuleen ifatti barraa'an jiraatanis, adeemsa seera tumuu itti fufutti jira. Sadarkaa bulchiinsaa kamittuu dandeettiin bilisummaan waa uumuu ykn murteessuu barbaachisaadha.

Bulchiinsi Islaamaa qulqulluun hariiroo gidduu bulchitootaa fi ummataa ni jabeessa; kunis adeemsa haaromsa walitti fufiinsa qabuuni. Adeemsa siyaasaa ufii isaaniin fedhanii raggaasisanii malee Muslimoonni sababa bakka bu'iinsa anga'oonni qaama ol'aanaarraa qabaniif jedhanii olaantummaa isaanii jalatti hin kufan. Seenaan hariiroo kana kuffisuu ykn akka filannootti ilaaluu kun hawaasa siyaasaan hin bilchaatin, kan jijjiiramaaf sonaan hin qophaa'in kan koloneeffanaan (ammayyummaan) fiduudha. Garuu, gochaawwan siyaasaa ammayyaa walitti fufiinsaan gara hubannaa yaadota seenaa kan akka bakka bu'aa (Kaliifaa), Ummataa, Marii (Shuuraa) fi waliigaltee fa'atti

dhihaataa dhufuun dandeettii, bu'a-qabeessummaa fi fudhatama muraasallee ta'u ni qabaatu.

Haa ta'u malee, balaaleffannaan addunyaa Muslima har'aa irratti ka'u hunda dursa hundeeffama amantii kan durii san irratti. Islaamummaan akka amantii Kaatoolikii Roomaa sanatti handhuura aangoo kan hin qabne ta'us, abbootii seeraa fi hayoonni wanti dhugoomsan uumamni caasaa sanaa akka aango-qabeessa, abbaa irree, giddu-galeessa, irraa gara gadii fi caasaa dursee caaseffame kan gaheewwanii fi itti gaafatama akkasumas daangeffama beekumsaa sirnaan lafa kaayeedha jedhaniiti. Kanaafuu amantiin hiikkaa Shari'aas, ulaagaa abbootii seeraa fi hayyootaas, iddoowwan barnoota ol'aanaa irraa baratamu raggaasisuufis, wantootaa Guyyaa guyyaan hayyamamanii fi dhoorkamanis ufumaa murteessa jechuudha. Hayyoota muummeewwan barnoota biroo, dubartootaa fi dargaggootaaf sagaleen gahaan hin laatamu.

Hayyoonni seeraa ga'umsa malee fi leenjii xinnaa seerarratti fudhatan sana bira darbanii muummeewwan biroo keessa seenuun Muslimoota addunyaarra jiranirratti miidhaa guddaa uume. Garuu, uumamaan daran wanti hamaan, abbootiin seeraa fi hayyoonni kunniin abbootii aangoo mootummaa mirga namoomaa sarban waliin kallatiin ykn al-kallattiin walitti bu'uu isaaniiti. Kanaafuu, mararfannaan, nageenyummaa fi haqummaan hundhuura shari'aa ta'anis, abbootiin seeraa fi hayyoonni abbootii aangoo qajelfamoota kanneeniin akka bulan gochuun (gorsuun) qormaata guddaa

isaanitti ta'eera. Adeemsa kana keessatti, Muslimni kamuu akkasuma dirqama gara caalu ni qabaata.

Gadaaleen seensa ergaalee amantii, seeraa fi babal'ifannaa sunniin fedhii fi dandeettiin sammuu Muslimaa akka waa'ema dhimmoota amantii yaadan, keessattuu dandeettii yaaduma amantaa isaanii ijaaruu, raggaasisuu fi haaromsuu yaadan dhiibbaa godhaniiru. Wanti nama dinqisiisu, beekkumsi waa'ee imaammanni Islaamaa fi bulchiinsaa uf keessatti qabatuu baay'ee xiqqaa miti. Muslimoonni hayyoota amantii naannoo isaanii ykn miidiyama hawaasaa irratti hayyoota biyya alaa bebbeekamoo hundaa'aniiti kan dhimmota hedduu irratti yaada isaaniiif furmaata barbaadu, dhimmoota daran ciccimoo ta'anirraa hamma salphoottis ta'u. Kuni ammaaf rakkoo hin qabu fakkaatus, ragaalee bu'uuraalee Islaamaa qofa fayyadamuun ykn bir-qaba godhachuun guddina nageenyummaa ilma namaatiif gumaachuun, caasaa ammayya walxaxaa kana keessatti waliigalatti akka hin danda'amne mul'isa.

Kana yoo jennu, hawaasni tuffatamu baay'ataa dhufuun, dhiirota, dubartii, dargaggoota fi hayyootas dabalatee, hayyoota amantii durii akkasumas muummee biroo irraayis aangoo seeraa dhiphaa sana caljedhanii hordofuurratti jala jalaan gaaffii kaasaaru. Gaaffiwwan kunniinis dhugaa fi fedhiwwan Muslimaa fi isaan biroos yeroo ammaa mudataa jiran irraa fagaachuu baay'ee fagaachuu hayyoota ykn angoowwan (abbootii aangoo) seeraatiin walqabatu. Namootaa fi hawaasni kunniin daangeffama hayyoota amantii ilaalcha

duriirraa qabanirraa dhufu kan mirgoota namaa, keessattuu mirgoota dubartii fi dhimmoota hawaasaa biroos hin kabajne kanarraa obsa fixataaru. Hawaasni amma qormaaatilee ammayyaa karaa ittiin furatu barbaadaa jira, ammas ol'aantummaa madaala Seera uumaa kabajuufis qophiidha.

Haata'u malee, xiinxaltoonni Muslimaa dandeettii addaa qaban, akka hayyoota ammayyaa ykn amantii alaatiin cinatti qabamaniitti uf ilaalan. Haqni jiru garuu, gaaffiin bulchiinsa Islaamaa fi imaammata ummataa kan Muslimootaa fi Muslimootaan ka'u akka kitaaba kana keessatti ibsametti, tooftaa damee sadi qabu, kan ummata olaantummaa aanga'oota siyaasaa, abbaa irrummaa hayyoota seeraa ilaalcha durii jalaa bilisa baasuu akeeka godhate, hunda caala lafarra harkifannaa, ufitti amanamummaa dhabuu, ykn hafuura shari'aa gadi fageenyaan beekuu dhabuu isaaniirraa bilsa baasuu hordofa.

Boqonnaa Sadi

Seenaa Hundeewwan Qo'annoolee Ergaalee Shari'aa

Boqonnaan kun seenaa hundeewwan qo'annoolee ergaalee shari'aa ilaalachinii fi xiyyeeffannaa isaan amantaa, jireenya, sanyii, qabeenyaa fi nageenyummaa irratti qaban ifa godha. Carraan barnootaa ergaalee shari'aa qo'annoolee Islaamaatiif gumaacha ol'aanaa gochuun ifa ta'us, warroonni tooftaa kana gara imaammataa fi bulchiinsaatti babal'isuu hawwan gamaaggama gahaa gochuuf fedhii qabaachuu qaban. Faallaa itti fayyadama imaammata Islaamaa fi bulchiinsaa kan durii san, qo'annoon ergaalee shari'aa hojiiwwan hayyoota jaarraa kudhanaffaa, warroota hulaa gidduu seera Islaamaatii fi qabatama hoj-maata Muslimaa cufuuf yaalan, irraa madde. Kanumaafi kan akeekaawwan ol'aanoo shari'aa jedhanii hiikkaa itti kennan. Yaaliin kun kan mul'isu hammam hayyoonni durii hanqinoota gadaa jarri keessa turanii hubatanii akka ragaa bu'aa ol'aantummaa ilaalcha isaan shari'aa irraa qabaniitti shakkaniidha. Seenaa keessatti gumaachi hordoftoota bebbeekamoo wanti addeessu Muslimni dhimmoota nageenya hawaasaa fi fedhiiwwan isaatiif yeroo dheeraarraa eegalee kan dhimmamu ta'uu isaati. Ammumayyuu ta'u sochiiwwan bu'uuraalee ergaalee shari'aa hubachiisuuf hayyoonni ammayyaa godhan ragaa gahaa ta'uu danda'u.

Hoj-maatni dur ergaalee shari'aa irratti hojiirra oolaa ture haalota barbaachisoo hedduu kan ammayyaan walfakkaatan

mul'isan. Hooggantoonni Bakka bu'oota ykn bulchitoota durii akka mul'isanitti tooftaan ergaalee shari'aa rakkisoo fi galumsaan kan walqabatan ta'uu isaaniiti. Beekkumsa, aangoo fi amantii (iimanni) gaggeessitoota kanniinii akka isaan amantii fi qabatama jiru hordofuun bulchiinsa keessatti bu'uura Islaamaa gadi dhaaban godhe; tooftaan kun irra-keessa barruulee dubbifamanii garii kan faallessu fakkaatus. Ibsa isaanii kan jalqabatiin ergaaleen shari'aa seerota bu'uuraatiin hin daangeffamne; kanaaf xiinxala beekkumsaa qixa sirriitiif banaa turan. Muummeewwan beekkumsaa hundi, hundeen biyya keessaa fi biyya alaas ta'u, dhimmoota imaammata ummataa irratti fe'amuuf fidaman. Kabaja ilma namaatiif murannaa qabaachuun (Mariin) gatii kamuu kanfalanii tasgabii buusuun dura giddu galeessummaan imaammata ummataatiin walqabata.

Seenaa Islaamaa yeroo dheeraa booda abbaa irrummaan dhufee murannaa ture sana balleesse. Mootummaan hidda dhalootaatiin bulchu (Mootiin) amantii fi mootuma adda baasuu fide. Kuni tokkummaa amantii, hamilee fi qabatama jireenyaa, kanneen sirna bulciinsaa durii keessa turan balleessuuni. Dhimmoota hawaasaa adeemsisuu irratti gaheen abbootii seeraa fi hayyootaa guddachaa dhufuun hidhama qabatama amantii fi beekkumsaa isaan keessa jiran haguugee jira. Yoo mootummaan kophatti adeemsa seeraa kan jeequ ta'e, kun waan dinqisiifamuu miti, kanarra waliigaltee dhoksaa kan abboonni seeraa bulchiinsaa fi aangoo siyaasaa geeddaruu irratti gahumsa hin qaban jedhutu ture. Dabalataanis, akka itti gaafatama aangoo qabanitti uf ilaalu, bu'aan argamus adeemsa

shari'aa keessaa gar-tokkee, adda ciccitaa fi xinnaa yoo ta'u, sirni bulchiinsaas barnootaa fi fedhiiwwan ummataa kan mirguma ufiillee aanga'oota irraa gaafatee argachuu hin dandeenye maqaa kan dhufedha.

Kana hordofee, hayyoonni ergaalee shari'aa durii hulaa gidduu seera Islaamaa fi qabatama Muslimaa akkasumas waan isaan galmoota shari'aa ol'aanoodha jedhanii yaadaniif dhiphataa turan. Abu al- Ma'aalii al-Juweeynii (1085) akka abboomanitti seerri Islaamaa amantii, lubbuu, sammuu, qaamolee dhuunfaa fi qabeenya ummataa eeguuf yaadamee tumame jedhu. Al-izz ibin Abdulsalaam (1209) hidhata gidduu ittiin bulmaata seeraa fi kaayyoowwan isaanii ifatti kaayee ture. Shihaab al-Diin al-Qaraafii (1285) akka yaadanitti yoo bu'uurri kaayyoowwan biroo adabbiin walqabatan ta'e, kabaja raggaasisuun ykn eeguun itti dabalammu qaba. Shamsi al-Diin ibni al- Qayyim (1347) falmiiwwan seeraan walqabatan (*maloota*) gadi fageenyaan ibsan. Ibni Teeymiyyaan (1328) sonoota gurguddoo hedduu akka haqummaa, bu'aa, mirgoota heeraa, gaarummaa saayinsiiwwaan kanneen biroo caaluu fa'a dabalataan fidan. Abuu Ishaq al-Shaaxibii (1388), hayyoota ergaalee shari'aa kanneen durii hunda caala filatamaan, akkaataa ergaaleen shari'aa mana seera tumuu itti murteeffamu ifa godhe. Warroonni isa booda dhufan hunduu hojima isaa gabaabsanii ykn qiqindeessanii gadiin dhufan.

Yoo walitti qabamu, gumaachi hayyoota durii waan isaan kaayyoowwan shari'aa ykn seera Islaamaa ol'aanoo jedhan san akka xiyyeeffannaan itti kennamuu fi barbaachisumaa isaanii

hubachuu fi kabajuutti qajeelcha. Oomishni isaanii akka beekkamtii wahii kan dogongoramee fi yoo seerri Islaamaa kaayyoo itti fedhame sana kan guutu ta'e furamuu barbaachisuutti ibsame. Yoo ergaaleen shari'aa bu'uura seera Islaamaa keessa hin seennee fi yeroo inni yaada ufii qindeessu sammuu hayyuu sanaa keessa hin jiraanne, waan seerri akeeka ufii ganaa dhufe fakkaata. Tooftaan ergaalee shari'aa kanaafuu seeraaf caaseffama safuu fi amala gaarii kennuuf yaadame.

Amalli guddaan tooftaa ergaalee shari'aa keessaa tokko hojiirra oolmaa muummeewwan adda addaatti kan fooyya'u ta'uudha, keessattuu, bulchiinsaa fi imaammataarratti. Kunniin akka hundeeffannan walitti sanyii makamoo isaan jalqabaatti ilaallamu. Hayyoonni ammayyaa barbaachisummaa tooftaa kanaa dabaluu yaalaa turan. Kanas tokkoo tokkoo akeekaa faaydaa jireenya ammayyaatiif oolchuudhaani. Kanaafuu, kunuunsi amanti gara bilisummaa amantiitti jijjiirame. Kaayyoon kun amala gaarii Islaamaa, bilisummaa amanti fedhan filachuu, fi bilisummaa sana ibsachuuf barbaachisummaa iddoo walabaa ummataaf mijeessuurratti xiyyeeffata. Imaammanni ummataa, haala mirgoota namoota biroo hin tuqneen, hawaasaaf gumaacha gaarii gumaacheenii fi ammas safuu ummataa waloon murtaa'an kabajeen, filannoo nama dhuunfaas ta'ee kan ummataa kabajuutu irraa eeggama.

Kunuunsi jireenyaa hiikkaa jechaatiin jijjiiramaan walsimatuu hin qabaatu; akkaataa jireenyi ittiin argamuun yoo ta'e malee. Waliigalatti, kaayyoon kun fedhii qabeenya qabatamaa fi wantoota qaama miidhan irraa dhoowwamuu irratti

xiyyeeffata. Kaayyoowwan kanneeniif imammanni ummataa nageenya biyyattii, ekisteshiinii eegumsa namoota lammiwwan hin ta'iniif godhamuu fi kunuunsa naannoo irraatti xiyyeeffatuu danda'u. Fuul duratti yaadni kun jijjiiramuu danda'a, dabalataan qoqqoodamuun jireenyi mul'ata qabatamaa irra harka caalu wantoota adda addaa irratti irkata yaada jedhu addeessuuf jecha. Shari'aan walitti hidhamiinsa wantoota lubbuu qaban hundaa ifa godheera; kun hawaasa waliin jiraatan guddisuu ykn kunuunsuu (kallattii jireenyaa hundaanuu) fi toora hariiroo walxaxaa ta'e irratti kan hundaa'u ta'uu isaati.

Kunuunsi sanyii hidda dhalata namaa yaada bal'aa tokkummaa maatii uf keessatti qabata. Kaayyoon jala saramee beekkamuu qabu gahee maatiin hoj-maata gaarii raawwatu guddina hawaas-diinagdee keessatti qabaatudha. Kanaafuu imammanni ummataa nageenya maatii babal'isuu fi tumsuu irratti xiyyeeffatuu qaba; bu'aawwan heerumaa fi ijoollee godhachuus dabalatee. Ammas wanti fudhachuun namarra jiraatu tokko, bu'uurri akeeka kanaa hayyoota durii biratti namoota sagaagalummaa raawwatan adabuudha. Bu'uura sana yoo ilaallu, eegasii akeekni sun hamilee ummataa eeguu irratti hundaa'a malee hidda dhalata daa'ima sanaa beekuurrattii miti. Bu'aan isaa hidda dhalata sanyii sanaa eeguudha. Kuni maqaballeessii sagaagalummaan walqabatee ka'uuf ragaa ifaadha; bakka ragaaleen afran jiranitti dabalatee. Hamilee ummataa ifatti faallessuun ala, haalli himannaa akkasii waliin walqabatu ammas faallaa himannaa sobaa akeeka nageenyummaa fi dhimma dhokfata nama dhuunfaa irratti ka'uuti. Hamilee

ummataa fi dhimma nama dhuunfaa eeguun dhimmoota waloon yaachisoo ta'aniidha. Kanaafuu akeekni Shari'aa amala dhala bal'aa namaa sirreessuu fi giddu-seeniisina hawaasaa fi mootummaa irraa dhimma dhuunfaa lammiiwwan irratti godhamanitti daangaa godhuudha.

Eegumsi qabeenyaa (leecalloo) fedhiiwwan hawaas-diinagdee kanneen dagaagina, guddina, deddeebi'iinsa maallaqaa, nageenyummaa hawaasaa fi walqixxummaa diinagdee fa'a uf keessatti qabata. Imaammanni ummataa ijaarsa tartiiba seeraa fi sirna hawaas-diinagdeetiin kan qabatu yoo ta'u, qabeenya dhuunfaa fi ummataa jechuunis wantoota seera-qabeeyyii jijjiiramaa fi haaromsa gaarummaa hawaasaa dabalán hunda eega jechuudha. Ergaalee shari'aa durii hunda keessaa, eegumsi qabeenyaa akka akeekaawwan shari'aatti lafaadha. Adabbii hanna bu'aan isaa fakkeenyaaf qabeenya eeguu miti; kanarra kallattii hundaanuu wabii fi kabaja ilma namaa eeguudha. Bilisummaan adabbii hattuu (kan hafuurri isaa dhugaa wantoota barbaachisoo ta'aniin yoo walbira qabamu dhimma nageenya hawaasatiin akka ganameetti ilaallama; yeroo hiyyummaa, haq-dhabdummaa fi walqixxummaa dhabaaf kan hin raawwanne), Islaamummaan bilisummaarratti jabeessa malee jallinaa fi jeequmsa mootummaa fi warroota aangoo qaban biroo irratti akka hin jabeessine ibsa. Warroota qabeenyi akeeka shari'aan eegumsa godhuuf keessaa tokko faallessaniif, Qur'aanni waan qaban irraa kennachuu fi hiruu irratti ifatti nama kakaasa. Qabeenyi tooftaa dha malee mataa isaatiin akeekaa miti.

Eegumsi kabajaa kabaja dhala namaa akkasumas mirgoota namoomaa bal'inaan ibsa. Qixa kanaan, imammanni ibsa ummataa mirgoota dhala waliigalaa hedduu hundallee ta'uu baatan uf keessatti qabatu qaba. Mirgoonni dubartii ifatti ergaalee shari'aa keessatti kan ibsaman ta'anis, gareelee biroo sababa mul'isa aadaalee isaanii kan kabajni dhiirumaan male jedhuuf miidhamuu hin qabneef jecha, akeeka kana jalatti bifa addaatiin tuqamuu qaban. "Kabajaan" ajjeesuun addunyaarra iddoowwan adda addaatti dubartii fi ijoollee durbaa irratti raawwatu itti fufee jira. Kun lubbuuwwan namootaa dabaan galaafachuudha. Ajjeechaa kanarratti abbootii seeraa fi hayyootarraa balaaleffannaan cimaan dhagahamaa turus, dubartootaa fi shamarran kanneen eeguuf ijannoon hawwii qofti dhagahamuun karaa biraatiin miidhaa kana raggaasisuu fakkaata. Shari'aa keessatti mirgoonni dubartii daran irra haasayamuu, xiyyeeffannaa fi seeraan tumsamuu barbaada. mirgi namni tokko fedhu akeekaa fi kaayyoo uf keessaa qaba.

Ergaaleen shari'aa hubannaa sonoota hayyoonni seeraa handhuura shari'aa kanneen adabbii hundarra hamaa jedhanii amanan irraa maddan. Akeekaawwan jahan armaan olitti addeeffaman gumaachaalee adeemsa ergaalee shari'aa irra jajjaboodha. Qoodamni eegumsa amantaa, jireenya (lubbuu), sammuu, sanyii, qabeenyaa fi kabaja dhala namaa sadarkaa ol'aanaa kan ergaaleen biroo isaan hin dursine godhamanii ilaallaman. Galumsaa fi qabiyyee ergalee sanaa jijjiiruun soba itti dabalani akka haaraatti dhiheessuurra salphata. Bifa beekkumsa makateen itti dabaluun kun, hayyoonni ammayyaa shari'aaf hiikkaa bal'aa fi gadi fagoo itti kennuuf yaalii godhaniiru. Karaa biraatiin tooftaa kanaaf hidda sonaan gadi dhaabame dhiheessaniiru.

Boqonnaa Afur

Qormaatilee Muummee Haarawa Argachuu

Hanqinni tooftaa ergalee shari'aa durii, akka eegumsa waa jahan armaan olitti tuqamanii sanatti, barattoota imaammata ummataa fi bulchiinsaa biratti bal'inaan ka'aa jiru. Jijjiiramni seera irraa gara bulchiinsaa garuu, fedhii bu'aa barnootaa fi qabatamaa qabaachuun walitti hidhatamuun xiinxallamuu qaba. Boqonnaan kun qormaatilee muraasa dhokattoo ta'an kan pirojektiiwwan ciccimoo amma Islaamummaa keessatti imaammata ummataa fi bulchiinsaa irratti dhufaa jiran hubuu danda'an irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, boqonnichi akkaataa shari'aa fi beekkumsi (fiqh) dur hubatamanii fi hiikkaa isaanii qabatamaa xiinxallee, yaadota adeemsa kan hundewwan beekkumsaa irraa fudhatamuu malanis ilaalee, gumaachaa fi barbaachisummaa hojiiwwan hayyoota ammayyaa lamaa (Xaariq Ramadaanii fi Jasiir Awdaa) ifa baasee, xumurarrattis barnoota bulchiinsaa fi imaammatatiif wantoota barbaachisan ifa godha.

Shari'aan kan sirnaan hubatamu beekkumsa buufamee fi hin beefaminis, ykn barreeffamanii fi hin barreeffaminis bal'inaan gamaaggamuudhaani. Ragaan tokkichi Shari'aa Qur'aana keessatti kan Nabi Muhaammadiin (SAW) walqabatu: "Eegasii fakkeenyummaa ol'aanaa ajaja irra si keenne, hordofi; fedhiiwwan warroota hin beeknee hin hordofin (al-jaasiyaa: 18). Kanaafuu, Shari'aan ergaalee Muhaammad irratti buufamanii fi karaa inni jireenya isaa keessatti hojiirra oolcherraa walitti qabaman. Wantooni tooftaalee imammataa fi bulchiinsaa kana hordofanii dhufan, babal'inna hubannaa

shari'aa kan hammas mara hin babal'atiniif ragaa guddaadha. Bu'aawwan adeemsa kanaa yoomiyyuu beekkumsa Islaamaa (Fiqh) qofa uf keessatti qabata malee shari'aa mataa isaa kan seerri isaa hin geeddaramne, kan beekkumsa xumura hin qabne irratti baasuun hubachuun barbaachisu uf keessatti hin qabanne.

Geengoowwan amantii keessatti, beekkumsi Islaamaa kun seerota buufaman keessatti muuxannoo ifaa kanneen ragaalee gadi fagoo ta'an irraa baafamaniin addeeffame. Beekkumsi Islaamaa (Fiqhiin) yeroo hedduu ragaalee baay'ee kanneen hayyoota seeraatiin gabaafamanii hojirra oolmaa shari'aa gadaa seenaa adda ta'e keessa raawataman wajjiin walqabatan sassaabuurratti xiyyeeffata. Akka ilaalcha Qur'anaatti, Beekkumsa (Fiqh) jechuun hubannaa ykn qayyabannaa jechuudhuma. Adeemsi ergaalee shari'aa kan bulchiinsaa fi imaammataa beekkumsa kanaaf gumaacha guddaa kenna. Sababnis adeemsa gidduu meeshaa itti fayyadamaa kan yeroo booda hojiin ala ta'uu fi bu'aa xumuraa kan yeroon hin daangeffamne, irra deebiin hiikuu fi beekkumsa kana seenessuu adda baasa. Kunis mariiwwan namootaatti dhimmamuudhaan walabummaa shari'aa akkuma jirutti eeguun akka danda'amuu fi barbaachisu waan taasisuufi. Osoo dhugaa kana hin fudhatin bulchiinsaa fi imaammata ammayyaa xiinxaluu hin dandeenyu. Beekkumsi keenya kan dhugaa har'a mul'atuu, hubannaa yeroo darbee falmuu, gamaaggamuu fi sirreessuu qaba.

Ammas qo'annooleen imaammataa fi bulchiinsaa yaad-didda (theory) murtii seera Islaamaa irra deebiin ilaaluu barbaadu.

Tooftaaleen adda addaa bulchiinsaa fi imaammataan walitti dhihaatan hojiirra oolanis, hayyoonni ammas hojiiwwan tooftaalee kanniin qixa fedhii muummee sanaatiin hiikuu raawwatu qabu. Qabiyyee fi adeemsa waliigalteen walqabatan, bu'aawwan murteessuun, mala ittiin gahan, filannoo fi walfakkeenya ugguruun fedhiiwwan imammata ummataa keessatti qubsuma argachuu qabu, kuni dhimmootaa fi yaadota falmisiisoo hedduu qaba.

Dabalataanis, murteewwan barmaatileen, itti fufiinsaanii fi yaadota waahillan Nabiyyichaatiin walqabatani ibsamanis beekumsa saayinsii imaammataa horachuun sirrachuu qaban. Jechoota biraatiin, tooftaaleen kunnin dirqama karaa imaammataa fi bulchiinsaas gumaachuu danda'aniin ibsamuu qabu.

Qajeelfamoonni beekumsa Islaamaa hedduun garuu akka qo'annoo imaammata Islaamaatiin waan wal hin simanneef hafuu qabu. Seerota ykn akeekaawwan muraasa ragaalee adda ciccitoo fi kophaa kophaa jiranirraa walitti qindeessuun, hammuma fedhanuu baay'atan, akkasumas ragaalee bu'uuraa ykn beekumsa (Fiqh) irraa maddanis, hariiroo qabiyyee fi naannoo kan seeronni sunniin hojiirra ittiin oolan ykn kaayyoowwan irraa argaman sonaan osoo hin hubatin bu'aawwan sirrii ta'an fiduu hin danda'u. Kuni amantaa tooftaa kanarra jiru jalaa hamma oliitti gaaffii keessa galchuun adeemsa ergaalee shari'aa ammayyaaf bu'uura buusa.

Haaluma walfakkaatuun, Islaamummaa keessatti imaammanni ummataa qajeelfama haquu hin fudhatu. Keeyyata tokko ykn muraasa haquu jechuun raga hiikni isaa keeyyata booda buufamte faallessuu mul'isu dhiheessuu feesisa. Haata'u malee, hiikkaa irratti waldhabuun tarii sababa addummaa qabiyyeetii fi hanqina beekkumsa hayyuu seeraa ta'uu danda'a. Sababa imaammata ummataatiif ragaalee bu'uuraa qo'achuun keeyyatoota hundaa guutummaatti ilaalu, akkasumas qabiyyee bal'aa keeyyattoonni sunniin kallattiinis ta'ee al-kallattiin ibsanis xiinxaluu feesisa. Tooftaaleen ergaalee shari'aa imaammata ummataatiin walqabatu ammas *callisuu* seera-tumtootaas (dhimma kamuu irratti ta'u) hin fudhatu. Beekumsa Islaamaa keessatti callisuu jechuun wantoota murtee barbaadaniin ala kan jiran ta'anii yoo cinatti qabamaniidha. Ammas beekkumsi hin buufamin kan ragaaleen bu'uuraa walumaagalatti itti akeekan yoo tuffatameedha. Akkuma ragaalee qabatamaa achi bal'isuun barruulee Qur'aanaa fi hadiisota qabiyyee sirrii ta'an qaban itti galchineen, tooftaalee daran walxaxoo ta'an hojiirra oolchinus, ilaalchonni callisuu irratti ka'an daran babal'ataa dhufan. Haquun yoo walitti ilaalle ammoo, callisuun yeroo fi bakkaan akkasumas dandeettii hayyuu sanaatiin walqabata. Sadarkaa fi walxaxiinsi beekkumsaa guddataa dhufuun maddi beekkumsaa kan biraa akka barbaadamuuf ykn xiyyeeffannaan itti kennamuuf karaa bane. Sunis beekumsa durii (Fiqh) kan tooftaa ergaalee shari'aa hubachuu, keessattuu imaammata ummataa keessa deebiin xiinxaluu, hayyoota seeraa dhuunfaa irratti irkachuun dura beekkumsa muummee hedduu irraa

walitti qabame hordofuu jechuudha. Barbaachisummaan hawaasa naannoo tokkoo akkasumas qooda fudhattoota beekkumsaa fi fedhii qaban qo'annoo keessa galchuu shakkii imaammata irratti ka'uu malu baay'inaan hir'isuufi. Amanamummaan guddaan kan argamu yoo akkataa itti barruun buufamee fi hin buufamin walitti qindaa'uun beekkumsa haarawaa fi bu'a-qabeessa fida jedhu irratti hubannaa keenya qoodnee fi kanaanis qormaatilee yeroo ammaa kanniin furuu dandeenyeedha.

Hayyoonni ammayyaa hedduun qormaatilee tooftaan walqabatan kanniin furuuf yaalanii turan. Xaariq Ramadaanii fi Jasiir Awdaa kallattii garagaraa dhiheessu. Ramadaan ragaaleen barruun argaman beekkumsa keenya kan addunyaa kanaan qindaa'uu qabuu jedha. Maddoonni hundeewwan beekkumsaa (usul-al-fiqh) beekumsa dhala namaa cufa, kan uumamaa fi saayinsii hawaasaas uf keessatti qabachuu qabu jedha. Kuni ammoo Islaamummaa irratti amala gaariin murteessuu jechuu fida. Kun akka raawwatuuf, hayyootaa fi abbootiin seeraa Islaamaa muummeewwan barnootaa biroo barachuun of qopheessuu qabu. Ammas amala gaarii Islaamaa barbaaduu keessatti hayyoonni durii akka warra ammaatiin walqixa ykn inumaayyuu caalmaa qabaniitti bakki keennamuufii qaba. Kennaan muraasni jiraatus yaadni furmaataa kun rakkoo qaba. Furtuun isaa namoota dhuunfaa olkaasuu fi walqixxeessuu miti, beekkumsi isaanii hammam amansiisaa ta'us, garuu sadarkaalee itti gaafatama yaadaa fi maddoota ragaa akkuma isaan ibsanitti daddabarsuu, jabeessuu fi akeekaawwan shari'aa babal'isuudha. Akka Ramadaanii fi

namoonni biroos yaada kennanitti keeyyatoota buufamanii fi addunyaa tana akka kitaabban lamaatti ilaaluu miti, garuu akka kitaaba tokkoo kan yeroo lama dubbisuu barbaaduutti ilaaludha. Qur'aannis kanumatti ajaja.

Sirna tooftaa kanaa fayyadamuun, Awdaan ammoo ergaalee shari'aa akka falaasama seera Islaamaatti ibsa. Amaloota shanan filatamoo: hubannaa, qulqullina, banaa ta'uu, kallatti-baayessummaa fi akeeka-qabeessummaa jedhaman fudhachuun, seera Islaamaa haaromsuu irratti falmiis furmaatas lafa kaaya. Akeekni isaa yaad-didda maddoota, akeekaawwanii fi ragaalee yaad-diddoota Islaamaa irratti xiinxalu, barruulee manneen barnoota seera Islaamaa, hiikkaawwan irra-deebiin godhaman haarawa uumuu fi falmiiwwan ammayyaan dura turanis dhiheessuudha. Maddoonni sunniin duudhaalee ciccimoo kanneen murtiiwwan seeraa durii, fedhiwwan (maslaha), falmiiwwan bilisaa fi labsiiwwan mirgootaa ammayyaa akkasumas bu'aawwan taateewwan yaad-diddoota ammayyaa seera Islaamaatiin hidhata qaban fa'aadha. Awdaan itti fufuun saayinsii uumamaa fi hawaasaa seera Islaamaa keessa seenuu gaafata, kanaan ala seerichi hojiin ala ta'a jedheeti falma. Garuu, dhimmi isaa muummeen beekkumsa addunyaa seera Islaamaa keessa seensisuu miti, yaad-didda hundee (*usul*) sanarratti falmii fi gamaaggama dhiheessuun isuma haaromsuudha.

Hayyoonni bulchiinsaa fi imaammataa beekumsa Islaamaa fi siyaasa shari'aa caala gadi seenuun barbaachisaadha, isaan kunniin durumaayyuu tooftaa ergaalee shari'aa guddisuu fi

hojirra oolchuu irratti waan xiyyeeffataniifi. Tooftaan kun humna beekumsa buufamee fi hin buufaminirratti hundaa'uun naannoo qajeelfama imaammataa sanarratti, dhimmoota qabatamaa fi adeemsaatis hubannaa uumuudha. Hojiiwwan Ramadaanii fi Awdaas kanuma addeessu. Akeekni isaa tooftaa kaayyoo fi bu'a-qabeessa gumaacha imaammata ummataaf godhu uumuudha. Beekumsi Islaamaa akka barruulee buufamanii fi hin buufaminis uf keessatti qabatu gochuun, adeemsa ergaalee shari'aa imaammataarratti hanqinoota jiran qindeessa; kuni ragaalee bu'uura gara akeeka kaayameetti geessaniirraa madda. Amalli fedhii garagaraa kan daangeffama raagaa gaafatu kun akka beekkumsi Islaamaa qixa hiikkaa shari'aa bal'aa, murteessaa fi amanamaa sanaan hin hammatamne godhaa jira.

Hojmaata bulchiinsaa fi imaammata ummataa keessaa hojiin guddaan, qindaa'aniifi ammayyaa maddoota ragaalee amantiirraa ta'e keessaa dhabamuun carraa barnoota Islaamaa keessatti hulaa bulchiinsaa uume. Guutummaatti dhabamuu filannoo sonaan dagaagee kanaan, akka hayyoonni ergaalee shari'aa ilaalcha durii hordofan gara adeemsa bal'aa hunda uf keessatti qabatu, dhimmoota hawaasummas dabalatee akka dhufan yaamamu. Kunis osoo beekumsa addaa hin barbaachifne jechuudha. Kuni seera durii caljedheetuma kan rawwiif qopheessu ta'us, tooftaan kun (haala amma jiruun) haaromsa irraa fagoodha; tooftaan imaammata ummataa qabiyyee Islaamaa guutummaatti hin hammatu waan ta'eefi. Adeemsa haaromsa shari'aatu barbaadama: kan hariiroo aangoo fi ta'iiwwan ummataa, caasaalee murtii kennuu, gahee

mootummaa fi sonaawwan akka itti gaafatamaa, haqummaa, iftoominaa, amala mirgootaa fi bilisummaa irratti hubannaa fooya'aa fiduudha. Kuni ammoo waan hayyoota ciccimoon, durii hanga ammaatti itti gahan jabeessa; garuu daran kan barbaachisu inni kuni qabeenya beekumsaa ragaalee bu'uuraa irraa argama.

Boqonnaa Shan
Mirgoota Namoomaa akka Hidhaa Hariiroo Ergaalee
Shari'aa Bulchiinsaarratti

Waa'ee Shari'aa ilaalchisee wantoonni barreeffamanii fi itti fufuudhaan barsiifaman hedduun mirgoota namoomaa irratti sonaan hin xiyyeeffatan. Boqonnaan kun sababoota caaseffamoonni durii dhimma kana ifatti addeessuu didee harkifatuuf ykn tooftaa biyya keessaa kana guddisuu diduuf xiinxalla. Kuni dhugaa dhimma mirgoota namoomaa addunyaa keessatti akkeessaa irra-keessaa ta'ee mul'atuudha. Faallaa kanaa ammoo, tooftaa ergaalee shari'aa imaammata ummataa Islaamummaa keessatti mirgoota namoomaa giddu-galeessa godhatuudha. Hoj-maatni tooftaa ergaalee shari'aa kun akaakuu afuritti qoodama: 1) walittifufaa; 2) bu'uurawaa; 3) fedhiirratti kan hundaa'ee; fi 4) guuchisaa dha. Yaaliin jiru garuu, fedhii yaad-didda biyya keessaa dagaagsuu fi shari'aa keessatti mirgoota namoomaa akka bu'uuraa fi qoodama uf danda'e ta'eetti fudhachuus kan dhoogguu miti.

Hayyoonni Muslimaa pirojektii beekkumsaa bu'uuraa kan mirgoota namoomaa faarsu irraa cinatti dabanii jiru. Kanas ilaalcha isaanii kan bu'aawwan sirna warra Kaabaa kan amantiin alaa ykn adabbii abbootii irree sodaachuudhaani. Boqonnichi sababoota hayyoonni kunniin qabatamaan mirgoota namoomaa shakkii tokkoon ala beeksisuu didaniif afur lafa kaaya: mirgoota namoomaa ilaalchisee Keeyyattoota buufamanii fi adeemsa amantiin alaa waldorgomsiiisuu, kamtuu seeraan kamiif abboota waan jedhu irratti, jechamoota ammayyaa fi biyya alaa fayyadamuu ceem'uu; ilaalchota

warra Kaabaa kan mirgootaa fi bilisummaan walqabatan sababa bu'aawwan hawaasummaatiif fudhatama dhabsiisuu; sochiiwwan hawaasaa kanneen hayoonnii fi abbootiin seeraa keessa jiraatan keessatti abbootii irree balaaleffatan jajjabeessuu sodaachuu fa'aadha.

Dhiibbaan siyaasaa fi tarii fedhiin caaseeffama bu'uura waloo kan sirna waaltawaa mirgoota namoomaa, yaaliiwwan adda addaa mirgoonni dhala namaa maxxansi Islaamaa (1948) akka uumamuuf sababa ta'aniiru. Barruuleen lamaan akkaan barbaachisoo ta'an, qixa kanaan dirqama ta'uu baatanis, Mirgoota Namoomaa Islaamaa waaltawoo kan bara 1981 maxxanfamee fi Labsii Kaayroo Mirgoota namoomaa Islaamummaa keessatti (1990) kan jedhamaniidha. Akkuma gama faallaa isaanii, maxxansi Islaamaa kunis mirga jiraachuu, bilisummaa, walqixxummaa, haqaa, murtii sirrii, miidhaa qaamaa irraa eeggamuu, kolu-galtummaa, aakasumas bilisummaa amantaa, dubbachuu, walitti gurmaa'uu, bakkaa bakkatti socho'uu fi kkf uf keessatti qabata. Hayyoonni pirojektii kana keessatti hirmaatan akka dhugoomanitti shari'aan madda isa sirrii fi muummee wantoota kanneeniiti. Kanaanis shakkiiwwan muraasaaf akka ragaatti ykn waabiitti tajaajila jedhu. Haala waliigalaa kanaan shari'aan yoo walitti ilaalle garuu, faallaa ykn mirgoota hayyamuufuu waan dhoorku fakkaata.

Shakkii malee, gumaachaaleen Islaamaa warroota amantii alaa biratti kabaja maluuf argatan hin fakkaatan, ykn uumama, jijjiiramummaa fi guddina shari'aa waan kabajan hin

fakkaatan. Seenaa keessatti taateen tattaaffiiwwan nama tokkoo irraa argaman kamiyyuu fedhiiwwan, sodaalee fi hawwii hawaasa isaan argamsiisee murtaa'oo yeroo sanaa qofaaf deebii kennu. Labsiiwwan Mirgoota dhala namaa ykn seeruma biroo kan mirgoota namaatiin walqabatan akkeessuun, kanneen yaaduma Islaamaa adda kukkuutanii itti fayyadaman, bu'a-dhabeeyyi qofa osoo hin taane, qooda fudhattootas akka filannoowwan Islaamaa sirrii ta'an hin dagaagsine godhaniiru. Haala Mirgoota dhala namaa Islaamaa fi Labsii Kaayroo Mirgoota namoomaa Islaamummaa keessatti, dhiibbaawwan siyaasaa fi cinaa dabsuun amantii, keessattuu hoj-maata oomishaa keessatti, mirgoota namoomaa hubannaa sirrii hin taaneen ykn guutummaa shari'aa fi fedhiiwwan namaatiif deebii kennuun akka hin hubatamne godhee jira. Kuni dhumarratti akka isaan aangoo amanamummaa dhaban godheera.

Barruuleen ergaalee shari'aa mirgootaa fi bilisummaa qixa afuriin ilaala. Inni duraa cinaa tokko qofa ilaala. Kunis akeekaawwan eegumsa amantii fi kabaja mirgoota namoomaa muraasa qofa ilaala ykn uf keessatti qabata. Kallattiin lammataa mirgoonni namoomaa qajeelfamoota bu'uuraa gurguddoo uumu, isaanis yoo mirgoonni namoomaa bu'uuraa diigaman hin jiraatan jedha. Hubannaan kun mirgootaa fi walabummaan, barruulee keessatti kallattiin barreeffamuu baatanis, qajeelfamootaa fi qabiyyeewwan ifatti mul'isan. Muummeen sadaffaa, mirgoota namoomaa irratti tooftaa fedhiirratti hundaa'e hordofuun ergaalee shari'aa hunda mirgoota hin sarbamnetti geeddaruun ilaalchota ammayyaa

hundaa qoodama ergaalee shari'aa durii keessa galcha. Dhumarratti, muummeen afraffaa kallattiiwwan dabalataa akka mirgootaa fi bilisummaa bu'uuraalee erglaalee shari'aatti dabalammu qaban jedha.

Jalqabni yaad-didda biyya keessaa Islaamummaa keessatti mirgoonni namoomaa kan maddan aangoo ol'aanaa Qur'aanaa irraa ta'uu gaafata. Beekkumsi adeemsa toofta Islaamaa babal'isuuf jiru takkaa xiinxala armaan dura godhame keessatti, keessattuu waa'ee hamilee Qur'aana keessatti, jedhuunii fi gartokkeen ammoo maddoota ragaalee barbaadamanii keessatti argama. Garuu, yaalii kana jalqabuun duratti, gamaaggamni imaammata yaada adabbiiwwan (hudud) Islaamaa hedduu barbaachisaa ta'e irra deebiin gaafatamuu qabu. Beekkumsa Islaamaa durii keessatti yaada kana qixa sirriin hubachuu dhabuun jiraatus, daangeffamoonni adabbii fidan ibsamoota shari'aa akaakuu mirgoota bu'uuraa kophatti ibsan qabatamaan bakka bu'u. Adabbiin (baaqee) sarara sanaa olitti namni dhuunfaa ykn gareen tokko seera uumamaa akkasumas maadala jireenyaa diigan. Daangeffamoonni adabbii fidan Qur'aana keessatti iddoowwan afurtamatti dubbataman. Bakka dubbatamu hundatti, yaadni daangeffama adabbii akka mirgoota namoomaa keessattuu mirgoota dubartii eeguu fi kabachiisuu ta'e ragaa ifaadha.

Walumaagalatti, yaadni Qur'aanaa mirga namoomaa irratti kan hubatamuu danda'u akka sirna dhiheessii meeshaalee amala gaarii walxaxoo dirqama hawaasummaatti. Namoota dhuunfaas ta'ee hawaasa bal'aan walqabatus, akeekni adeemsa

ergaalee shari'aa daangeffama adabbii muraasaan kennaa tajaajilaa guddaaf wabii ta'uu ykn kennuudha. Faallaa caaseffama mirgoota namoomaa kanneen bilisummaa akka sona irra barbaachisaatti ilaalanii, ergaan Islaamaa kabaja namoomaa irratti xiyyeeffata; kun bilisummaa akka barbaachisaatti garuu mirgoota namoomaatiif gahaa hin taaneetti fudhata. Mirgoonni namoomaa gocha namni amane kamuu kabaja namoota biroof kennuuf waan dhimmi ilallatuun ykn beekkumsaan, humnaa fi qabeenyaan kunuunsuuf itti gaafatama qabu eeguu qabu dhugoomsuudha. Adeemsi ergaa Islaamaa bu'uura hamilee amantaa har'aaf borus Rabbi biratti itti gaafatamuun dhugaa ta'uu uf keessaa qaban irratti hundaa'a. Caaseffamni seeraa kan qajeelfama nama dhuunfaa kamiifuu hojiirra oolu sirna amantii kan tokkichummaa Rabbii fi dandeettii Isaa kan namuurratti haaluma kennaa addunyaarratti isaaf badhaaseetiin murteessuuf jriuu fudhatu keessatti ta'uu qaba. Xiinxalli akkasii sun babal'atee sadarkaalee hawaasa naannootii fi biyyattis kennaa mirgootaa uf keessatti qabata.

Seerri mirgoota namoomaa Islaamaa amala gaarii amantiiratti hundaa'a; maddoota warroota amantiin alaa irratti hundaa'aniitiin walitti bu'uu hin qabaatu. Dhiheessii tooftaa mirgootaa namoomaa kana keessatti Islaamummaa fudhachuun barbaachisaa ta'uu danda'a, garuu bu'aa isaa argachuuf dhugumatti dirqamaa miti. Qur'aana keessattis ta'ee Sunnaa (Hadiisa) keessatti, keeyyanni amansiisaan waan gaarii fi amala gaarii Muslimoota qofaaf kennamuu qaba jedhu hin jiru. Inumaayyuu bilisummaan amantii qajeelfama bu'uuraa

Islaamaati malee haala kenniinsa mirgootaatii miti. Islaamummaan namoota biroof mirgoota namoomaa osoo adda hin baafne akka kabajuuf nama dirqisiisa. Qixa ilaalcha shari'aatiin yoo ilaalle, waaltinsi wantoota amala gaariin walqabatan uumamtoota hundaaf kennuudha; isaan gaafachuu baatanis.

Boqonnaa Jaha

Amala Gaarii Bulchiinsaa fi Imaammata Ummataa Islaamummaa Keessatti

Islaamummaa keessatti Imaammani ummataa amala walxaxaa fi bal'aadhaan hooggamana. Shari'aan bu'aa fi miidhaalee jiran akka adda baafnee beeknu, akka fedhiwwan dhiphoo fi ulaagaa akeekaawwan ol'aanoo shari'aa waakkataniif haala danda'ame hundaan itti duulaniif hin saaxilanne akka dura dhaabannu nu dirqisiisa. Yaadni Toowhiidaa (Tokkichummaa Rabbii fi ilaalchi addunyaa, dhugaa, bakkaa-yeroo, seenaa fi galmaa) handhuura sirna amala gaarii Islaamummaa ta'ee hariiroo gidduu uumamtoota hundaa, uumamtootaa fi Rabbii isaanii gidduu uf keessatti qabata. Hayyoonni ergaalee shari'aa dhimmoota bu'aawwanii fi miidhaaleen walqabatan xiinxaluu yaalanis, gumaachaaleen isaanii daangeffama muummeelee barnoota isaaniitiin murteeffaman, faallaa dalgaa fi gadi fageenya shari'aa hubachuu jechuudha. Sababa kanaaf, safartuuwwan amala gaarii gumaachaawwan sanneenii Muslimootaan walqabsiifaman, keessattuu Muslimoota naannoo qubsuma murtaa'ee tokkoon. Qixa kanaan yaada hawaasaa (ummataa), yaada yeroo bu'aawwanii fi miidhaawwan Islaamaa qo'atan akka bir-qabaa ykn ragaatti hayyoota Islamaatiif akkaan fayyadu irra deebiin xiinxaluun murteessaadha. Faallaa hubannaa beekkamaa kanaa, ilaalchi hawaasaa (ummataa) hojirra oolmaa bal'aa qaba; namootuma shari'aa keessa jiran qofarratti hin daangeffamu. Inumayyuu, amalli gaariin imaammata ummataa fi bulchiinsaa giddu-galeessummaa

hidda dhalata amala gaarii kan seerri Islaamaa har'a godhate kanarra darbee deemuu qaba.

Marii amala gaarii kana keessatti jalqabni qarummaa ykn qarummaa qajeelfama falaasamaa kan tokkichummaati (tokkummaati). Tokkichummaan falaasama shari'aa keessatti qajeelfama handhuuraati. Ajajni Qur'aanaa kan waadaa seename hin diiginaa jedhu (al-Baqarah: 27, al-Ra'ad:25) walxaxiinsa, gadi fageenyaa fi bal'ina jiru hamma barbaachisuu ol ibsa. Kuni qajeelfama hamilee kan bulchiinsaa fi imaammatoota falmii qaban dhiheessuun akka amala gaarii ragaalee bu'uuraatiin qabatamaan furaman gochuudha. Kun ammoo sammuu fi barruu hayyoota amanamoo jaarraa kamiyyuu keessa barruulee buufamanii fi hin buufamin irratti hubannaa gaarii qaban cufa biratti qabatamuutu irra jiraata. Haata'u malee, kun hariiroo gidduu isaanii jiru dhiisii, hojii walxaxiinsaa fi hidhamiinsa uumamtoota hundaatiin walqabatee fi akkaan ulfaataa ta'eedha. Beekkumsi nuti dhabne amantii fi qajeelfamoota kennaa Qaama olaanaadhaan akka ilmi namaa miidhaa hir'isu godhaniidha.

Gaaffiin uumamaan ka'u bulchiinsaa fi imaammata Islaamaa keessatti qajeelfamaa fi qabatama toowhiidaa akkamiitu ka'a kan jedhuudha. Jalqabarratti maal akka hin ta'in haa ibsinuu. Bakka bu'ummaa addunyaawaadhaa jechuu miti. Himannaa kana tumsuuf, Qur'aana keessatti ifaanis ta'ee dhoksaan, Sunnaa fi seera Islaamaa durii keessattis hin dubbatamne. Akeekaawwan bu'uuraa toowhiidaa keessaa tokko adda addummaa fudhachuu fi kabajuu yoo ta'u, kun ammoo dhimma waloo tokkoomaa fi bu'a-qabeessa uuma. Addunyaa

keessatti kun sirna bulchiinsaa keessatti waan sobaati miti; halluu fi bocni jireenya siyaasa tokkoo addunyaarratti kanaan ibsama. Bu'aawwanii fi miidhaawwan sirrii ta'an murteessuun, qajeelfama hiree murteeffannaa kana fudhachuun dirqama.

Barruu duudhaa durii kan ergaalee shari'aa keessatti, gaaffiin bu'aawwanii fi miidhaawwanii iddoo daran barbaachisaa qabaata. Hayyoonni durii itti fayyadama ergaalee shari'aa akka bu'aawwan argamsiisuu fi miidhaawwan ittisuutti dhiheessaa turan. Kanaafuu, bu'aawwan argachuuf murteewwan karaa amantii, lubbuu, sammuu, sanyii, qabeenyaa fi kabaja namaa eeguutiin kunuunsa jedhan dabarsuu qaban. Akka bu'uuraatti, kaayyoowwan jahan fedhii ummataa fi akeeka tooftaawwanii fi maloota garagaraa siyaasaa shari'aa jedhaman. Rakkoolee ummataatiif haala qabatamaatiin deebiiwwan bu'a-qabeeyyii qulqulluu (naf'I kaalis) arguun ni ulfaata; akkuma miidhaa qofa (durrun kaalis) arguunillee ulfaatu. Filannoowwan imaammataan walqabatan hedduu gidduma sana jiraatu, ifatti adda baasuun mijatuu dhabuu danda'a. Kanaafuu hayyoonni seeraa maloota madaala gidduu bu'aawwanii fi miidhaawwanii ittiin murteessan uumaniiru. Akka waliigalaatti garuu, akka itti daangeffamoota murteewwan bulchiinsaa fi imaammata nutti hin himan. Kanaafuu ilaalchaa fi yaada ummataa ufumaa gamaaggamuu qabna.

Inumaayyuu osoo bu'aawwanii fi miidhaawwan hin murteessin dura, bu'aawwanii fi miidhaawwan kamiitu baay'ata waan jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Falaasamni toowhiidaa lubbuun (nabseen) hunduu akka kabajamtuu taate

kan mul'isu yoo ta'u, kun murtee fedhiin eenyu akka madaala kaasuu fi kamtu ulfaataadha jedhu mul'isa. Dabalataanis, bulchiinsaa fi imaammanni ummataas Islaamummaa keessatti ilmuma namaa qofarratti xiyyeeffatuu? Kamiin irratti xiyyeeffatu? Tarii yaadota kanarra bal'aa ta'aniif bu'uurri jiraataa? Shari'aani dhimmootuma ammayyaa qofa ilaala moo takkaa filannoowwan amala gaarii kan fuuldura wajjiin hidhata qabaatan jiruu laata? Murteen eenyutu keessa eenyutu ala jedhu hubannaa nu'i ilaalcha furtuu ummataa ta'erratti qabnu waliin hidhata qabaata. Akaa waliigalaatti, ummata jechuun hawaasa naannoo tokkooti. Yeroo hedduu ibsamni kun hawaasa Muslimaa bara dabree, ammaa fi uf duraas hammata. Hayyootaa fi abbootiin seeraa garuu, hiikkaa kana Muslimootuma qubsuma naannoo murtaa'ee keessa jiranitti gabaabsu. Kuni seera amantii tokko hojiirra oolchuuf sirrii ta'uu danda'a, garuu bulchiinsaaf quubsaa miti. Kunis achitti seera adda addummaa qofa osoo hin taane dhimma fedhii ummataatu hojiirra oola. Shari'aan ilaalcha kana karaa biraa sadihiin deebii itti kenna. Kan duraa hawaasa warroota amananii hundaan walqabata. Kan lammataa hawaasa siyaasaa fi qubsumaan walitti hidhamee sonootaa fi fedhiwwan waliin qoodatuun walqabata, amantaan waan fedhee ta'u. Kan sadaffaa ilaalcha ykn yaada wantoota lubbuun jiraniin walbira qabanii ilaaluudha.

Sirni amala gaarii Qur'aana keessatti bal'inaan kan addeeffameedha ammas haguuggiin akkasii sun kan kennamu uumamtoota Rabbii hundaafiyyu. Kun namoota keessatti safartuu hafuuraa uumamtoota hundaatti afuufuu, durummaa

yoo kabaja namaa hin ta'inillee, eegumsaa fi dinqisiifannaa agarsiisuufii fakkaata. Qur'aanni kanarratti obsa hin qabu, ilmaan Aadam iddoo ykn kabaja guddaa jireenya isaanii keessatti akka qaban ibsa. Dhugaa kana akka Muslimaatti, akkuma ilma namaattuu qabachuu dadhabuun keenya, mul'ata dhiphaa fi hamaa ta'e fuuldura waloo keenyarratti qajeelchaa jira.

Namoomni wantoota namaan ala ta'an hedduurratti hundaa'a. Hanqinni ykn haphinni beekkumsa Islaamaa qixa kanaan-sababa dhiphinna hayyootaa fi abbootii seeraatiin walqabatuuf barbaachisaa miti. Garuu barnoota amantiirratti sababa tooftaan dursa qindaa'eef jecha dhimma amala gaarii gara cinaatti qabuutti oofee jira. Dhimmichi dhimma ummataa daran walxaxaa waan ta'eef jecha. Kuni ammas hojiiwwan carraalee biroo fi ergaalee Qur'aanaa kanneen jireenya waloo keenya jabeessuuf kaayaman barbaaduu tuffachiise. Barruuleen ergaalee shari'aa qormaatilee carra-maleeyyii kanniin sirreessuuf yaaluurra jira, garuu muummee beekkumsa Islaamaatiif ammas fagoma jira. Qixa kanaan ijjannoo cimaa qabaatus, qabiyyee amala gaarii fi xumura isaa haala ufitti amanamummaa qabuun addunyaaf ifa godhuurratti harkifannaatu jira.

Boqonnaa Torba

Imaammata Ummataa Islaamummaa Keessatti akka Hoj- maata Haaromsaatti

Boqonnaan kun akka ibsutti Shari'aan jalqabumarraayyuu waa'ee milkaa'ina haqa hawaasaa, kan akka carraalee, qabeenyaa fi caalmaalee argaman bifa qixa ta'een, karaa qajeelfama bu'uuraa kabaja dhala namaa abboomuun hawaasaaf hiruutiin hubatama. Boqonnaan kun Qur'aana keessatti hariiroo aangoo fi amantii (iimaanaa) irrati mari'achuudhaan jalqaba. Kanaanis adda addummaa isaan lamaan gidduu fi amalli gaariin barnootaa fi hojiirra oolmaa Qur'aanaa itti gaafatama waloo ta'uu ibsa. Kun ammoo biyya ykn gaggeessa siyaasaa Islaamaatiif waan wabii ta'uu miti. Seenaan seensa Islaamaa gara naannawa Abariyaa sadarkaalee jajjaboo fi gadi fagoo, akkasumas amala waliigalaa kan haaromsa hawaasummaarratti ergaa hedduu dabarsa. Sababa hoj-maata kanarraa kan ka'e, aangoon Muslimaa hedduun qofaa isaatiin akka xumuraatti akka hin hubatamne godheera; biyya takkaafiis akka adeemsa ulaagaa hin guutneetti ilaallameera. Kanumarraa ka'uun akka hooggantoonni Muslimaa rakkoolee hawaasummaa Islaamaan walqabatan naannawa isaanii jiran hiikuu qaban gaafata. Namoonni dura ergaa kana fudhatan, qaamni amantii garri caalu, amantiin Islaamaa qajeelfama yeroon murtaa'ee fi ibsa shari'aa kan haaluma ta'e kamuu keessatti walqixxummaa fiduutti ajaju tolchanii hubataniiru.

Guduunfaalee daran waldhahoo eega Qur'aana dubbisanii irra gahaman keessaa tokko adda addummaa ifaa kan gidduu

aangoo siyaasaa fi iimaanaa ykn akka waliigalaatti amala gaariidha. Rabbiin aangoo nama fedheef kenna, dhiira ta'anis dhalaa, sooressas ta'ee hiyyeessa, gaariis ta'ee badaa, kan amanes ta'ee didaa fi kan biyya keessaas ta'ee biyya alaatiif kennuu danda'a. Kuni bulchiinsa, imaammata ummataa fi hirmaanaa hawaasaaa irratti waan akeeku hedduu baay'ee qaba. Akka bu'uuraatti, kuni qooda-fudhattoonni qajeelluma shari'aa keessa jiru hordofan sirna bulchiinsaa mataa isaa ykn dhaabbilee hawaasaa keessatti argamuu akka danda'an ibsa. Caasaan qooda-fudhattootaa wanti addeessu tooftaalee, amalaa fi sadarkaa itti gaafatamaati. Aangoo fi iimaanaa adda baasuun ammas barbaachisummaa dhaabbilee tajaajila amala badaa balleesuurratti hirmaatan uumuutti kakaasa; mootummaa fi gaggeessitoonni isaanii amantiin hidhata kamuu qabaatanis. Eegumsi Diinii (akka amanti Islaamaatti) ergaalee shari'aa jahan bu'uuraa keessaa irra salphaadha. Akeekaawwan shari'aa biroo hunduu, akka dur ibsamanitti, iddoo seenaa kamittuu dirqama kaayyoo guddaa kana uf keessatti qabatuu qabu. Jechoota birootiin, haalli eegumsa lubbuu, sanyii, sammuu, kabajaa fi qabeenyaa itti ibsamuu fi toowatamu yaada amanti Islaamaa kana sirnaan fayyadamuudhaani. Kana jechuun haaromsii hawaasaa fi haq-dhabdummaa balleessuun qabatamaan hubannaa nuti diiniif qabnuun hidhata qabu. Akka waliigalaatti, Islaamummaan sochiiwwan gabbartii, hafuuraa ykn uf kennuu fi walwajjiin hojjachuu ykn waliin jireenya addunyaatiin walqabata. Eegumsi amanti (Diinii) kanaafuu gochaawwan bu'uuraa lama uf keessatti qabata. Kan duraa hojiiwwan qajeelfama gabbartiitiin waan faallaa sanaa

kan akka malaammaltummaa fi itti dabaluuutiin walqabatan eeguudha. Rabbiin malee Gabbaramaan hin jiruu ragaa bahuun, salaatuun, soomuun, zakaan kennachuunii fi sirna hajjii raawwachuun guddatus xiqqaatus yeroo hundaa hin jijjiiramu. Kan lammataa dirqamoota Qur'aana keessatti ibsaman hojitti hiikuu dha. Kunis haalota mudatan kam keessattuu seerota murteessoo ta'an uf keessatti qabachuu fi qayyabachuun hojiiwwan keenya sonoota bu'uura islaamaa kanneen akka mararfannaa, haqummaa, qixxummaa, qarummaa fi nageenyaatiin sadarkaa dhuunfaa, hawaasaa fi sabaatti ibsamu. Qajeelfamni sochii warraaqsa tumsuuf barbaadamu fedhii haaromsaa ykn Diinii haaromsuu kan Nabi Muhaammadiin (SAW) ibsame kan inni guyyaa Qiyaamaa namoonni hojii akkamiirratti umrii isaanii fixan, maal akka hojjataa turan, hiree isaanii maalirraa ykn eessaa akka argataa turan, qabeenya eessaa akka fuudhanii fi qaama isaanii maaliin furdisan irraa gaafataman jedhee uf eegganoo kenne keessatti argama (al-Tirmizii, Sunan, Kitaab Sifaat al-Qiyaamaah, boqqonnaa 1). Gadaa seeraa guddaa kam keessattuu Keessoo fi irra-keessoon qaamolee Islaamaa gara sochii hawaasaa barbaachisaa ta'aniitti akka hiikamuuf fedhii haarawatu jiraata. Addunyaa ammayaa keenya keessatti, beekumsa haarawatu barbaadama, beekumsa taatee haarawaa, ykn beekumsa qabatamaa jechuudha. Beekumsi addunyaa ragaalee buufamanii fi barbaachisummaan seenaa isaa gara caalu kan ilaallamu akka hubannaa beekumsaa qabatama hin taanee (fiqhi nathari) tti. Kun ammoo waan hayyootaa fi abbootii seeraa har'aatiin hojiirra oolaa jiruudha. Akkasuma addunyaa si'ooftuu fi

qabatamaa tana biratti beekamuuf dhugaa beekumsa qabatamaa hubachuun akkaan barbaachisaadha. Haroomsaa fi irra deebiin sirreessuun garuu qindoomina beekumsa qabatamaa ykn dhugaa jiruu hubachuun qabiyyee garagaraa irratti hojiIrra oolmaa sirrii ta'eef karaa banuun barbaachisaadha.

Seenaan Islaamaa jalqabaa akkaataa Muslimoonni durii hojii kana hojjatanii fi sababa kanaaf sirna siyaasaa kan namoota dhuunfaa fi gareewwan adda addaa sarbaa tureefi haq-dhabdummaa hedduus geessaa ture, geeddaruu danda'an mul'isa. Wantoota seenaa durii kana irraa nuti barachuu qabnu keessaa kan armaan gadiiti: 1) barbaachisummaa ergaa dhugaa, ifaa, qabatamaa fi bu'a-qabeessaa, 2) gaggeessa ajaa'ibaa, cimaa fi murannaa qabu kan garuu abbaa irree hin ta'in, 3) of eeggannoo dandeettii gumaacha hawaasa bal'aa, hayyootaa fi qaamaan miidhamtootaa tuffachuu irratti, 4) miidhaalee dhimmootaa fi dhiibbaawwan diinagdee itti dhiheenyaan hordofuu, 5) nageenyaaf dursa kennuu fi heddumina kabajuu, 6) humna ittisaa akka filannoo dhumaa fi hedduu gabaabaatti fudhachuudha.

Islaamummaa keessatti imaammanni ummataa gara caalu yaalii haaromsaa fi haaromsuuti. Ergaa Qaama ol'aanaa keessatti aangoo siyasaa fi iimaana adda baasuun akka namoonni waan gaariitti yaamanii hamaa irraa walseeran kakaasuufi. Ammas barbaachisummaa dhaabbilee dhugaa kanaaf falman uumuu keessatti hubannaa uuma. Islaamummaan amantii amanuu fi hojiin mul'isuuti. Gadaan darbu kamuu hayyootaa fi namoota dhuunfaa jajjaba rakkoolee

kamuu bira kutuun barruulee buufaman qabatama isaan qunnamuun walqabsiisani sonaan hiikan barbaada. Qajeelfamni Diinii kana haaromsuuf qopheeffamu akka namoonni rakkoolee iddoo fi bakka garagaraatti mudatan dura dhaabachuu danda'an gargaaruufi. Seenaan Islaamaa durii qixa kanaan hedduu qajeelaadha. Ergaa haarawa tooftaa bal'aa hawaas-diinagdee fi haaromsa siyaasaa wajjiin fudhachuun kun taateewwan dura hin jirre heddutti geessan.

Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaa IIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaa baataniif barreeffameedha.

Hojiin kun beekumsa islaamaa keessatti daangaa chaartarii haara-wa tahe yoo tahu xiyyeeffannoon isaa ilaalcha imaammata uummataa maqaasida shari'aa (kaayyoo gurguddoo shar'iaa) tiin ibsuudha. imaammanni uummata damee of danda'aa siyaasaa fi seeraa gamlameeniiti. Kanaaf, imaamanni uummataa islaamummaa keessatti asitti akkatti ibsame seera islaamaa (fiqh) fi siyaasa –sharihaa irraayi.

Kitaabichi mata dureewwan jajjaba heddu irraa kan haasawu yoo tahu isaanis; - Maloota, Bulchiinsa, Mirga Dhala Namaa, Naamusa, Aangoo Siyaasaa fi haaromsaa fi akkasumas ijaarsa haarawa fa'a. akkaataa malootni maqaasidni qaama tiyoorii fi gocha/shaakala imaammata uummata islaamummaa adda bahuu hin dandeenye tahe, akkaataa burjaajii bulchiinsa seenaa islaamummaa keessatti dabare furuu danda'u, caalatti immoo bu'aa ragaalee sadarkaa duraa islaamaa keessatti qabeenya beekumsaa ol'aanaa jiru deebasanii akka hubatamu gochuu fi poolisii uummata qorannoo imammaataa keessatti dhiibbaa inni uumuu danda'uudha.